
Torban 26

Kutaa 1

# Kanniseefi Bashaadaa



Dubbisa 12

# Kanniseefi Bashaadaa

Dubbisa 12 | Kutaa 1 | Torban 26



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Bashaadaan mucaa baadiyyaati. Gaaf tokko haadha isaa Hawwiifi saree isaanii kannisee wajjin gabaa deeme.




Bashaadaan gabaa keessatti konkolaataa arge. Konkolaatichas sodaatee haadha isaa achumatti dhiisee baqate.



Haati Bashaadaa mucaa ishee of biraa dhabdee iyyite. Gabaa keessas barbaaddee, Bashaadaa arguu hindandeenye. Adduun dhiinaanis haati Bashaadaa booyaa gara manaatti deemte.




Bashaadaan karaa mana isaaniitti geessu wallaale. Gara haadha isaattis deebiyuu dadhabe. Kanaafuu, gabaa keessa dhaabatee booya.



Bashaadaan osoo booyaa jiruu saree dugda isaa duubaa duttu dhagaye. Bashaadaan garagalee ilaale.



Saree isaanii kannisee ta'uu hubate. Kanniseen Bashaadaatti eegee raaste. Bashaadaan nigammade. Kanniseen Bashaadaa dura butee karaa mana isaanii irra qajeelte. Bashaadaan kannisee duukaa bu'e.



Karaarratti ijoolleen Bashaadaa lolte. Kanniseen duttee ijoollee irraa ariite.



Bashaadaafi Kanniseen mana gahan.



Hawwiin Bashaadaa argitee gammadde; itti marmitees boosse. Nikofaltes.



Bashaadaan waan ta’e hundaa haadha isaatti hime. Osoo sareen isaanii yookiin kanniseen hinjiraannee akka galuu hindandeenye itti hime. Erga gaafasii kaastee Hawwiin kannisee akka mucaasheetti jaallatti.

# Gaaffii

1. Bashaadaan maaliif booya?



2. Bashaadaan eessa dhaabatee booya?



# Sh, ww

| | | |
|---|---|---|
| Ba-shaa-daa | → | Bashaadaa |
| Baa-diy-yaa | → | Baadiyyaa |
| kon-ko-laa-ti-cha | → | konkolaaticha |
| Haw-wii | → | Hawwii |
| kan-ni-see | → | Kannisee |

# Kanniseefi Bashaadaa

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan


| | |
|---|---|
| Dubbisa 1 | Galaaniifi Simaa |
| Dubbisa 2 | Maatii Gargaaruu |
| Dubbisa 3 | Odaa |
| Dubbisa 4 | Hoolaafi Saree Tolaa |
| Dubbisa 5 | Joobiraafi Bofa |
| Dubbisa 6 | Qamaleefi Saree |
| Dubbisa 7 | Adurree Burree |
| Dubbisa 8 | Obbolaan Lamaan |
| Dubbisa 9 | Kunuunsa Naannoo |
| Dubbisa 10 | Baaccuufi Jaldeessa |
| Dubbisa 11 | Dorgommii Fiigichaa |
| Dubbisa 12 | Kanniseefi Bashaadaa |
| Dubbisa 13 | Adurree Haxxee |
| Dubbisa 14 | Hirpheefi Raffisaa |
| Dubbisa 15 | Manguddoofi Ijoollee |
| Dubbisa 16 | Zayituunee |

USAID

UUMMATA AMERIKAA IRRAA